Guyyaa/ቀን 8/11/2014
Date
Lakk/ቁጥር ___
Ref.No

**Damee Dhaabbii Sadaniif**

**Waajjira Abbaa Alangaa Godinaalee 22 tiif**

**B/Jirtanitti**

Dhimmi:-**Qajeelfama Mirkanaa'e Akka Beektan Erguu Ilaallata.**

Akkuma gubbaa irratti ibsuuf yaalametti Gumiin Bulchiinsa Abbootii Alangaa Waliigalaa walgahii gaafa **08/11/2014** gaggeeseen bu'uura Dambii Bulchiinsaa fi Naamuusa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa **218/2013** keewwata **153** irratti tumameen **Qajeelfama Muudamaa fi Bara Hojii Ittigaafatamaa Hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Murteessuuf bahe Lakkoofsa 18/2014** mirkaneessee jira.

Haaluma kanaan, isinis Qajeelfama mirkanaa'e kana beektanii hojiirra akka oolchitan isin beeksifna.

Nagaa Wajjin!

Addunyaa Ahmad Ussoo
አዱኛ አህመድ ኡሶ
Hooggantuu Biiroo Abbaa Alangaa
Waliigalaa Oromiyaa
የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ
ሕግ ቢሮ ኃላፊ

Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ★ የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ ★ Oromia Regional State Attorney General

**G/G**

- Abbaa Alangaa Waliigalaa tiif
- Damee Arfan Biiroo Keenyaa tiif
- Waajjira Gumii tiif
- Daay/K/B/H/Gamaggamaa tiif
- Daay/Q/Wixinee fi Hu/Seeraa tiif

**BAAWO**

**Qajeelfama Lakkoofsa 18/2014**

**Qajeelfama Muudamaafi Bara Hojii Ittigaafatamaa Hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Murteessuuf Bahe**

Muudamaafi bara hojii akkasumas aangoofi gahee hojii Ittigaafatamtoota hojii Biirichaafi caasaa isaa sadarkaan jiran ilaalchisee akkaataa Dambii Bulchiinsaafi Naamusa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa **218/2013tiin** hojimaata iftoominaafi itti gafatamummaa qabu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Dambii Bulchiinsaafi Naamusa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 218/2013 keewwata 153tiin Qajeelfamni kun Gumii Waliigalaatiin bahee jira.

## Kutaa Tokko

## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Qajeelfamni kun "**Qajeelfama Muudamaafi Bara Hojii Ittigaafatamaa Hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lakkoofsa 18/2014**" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan seensa jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Qajeelfama kana keessatti:

   1) **"Abbaa Alangaa Waliigalaa"** jechuun Hoogganaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaati.
   2) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaafi caasaa isaa sadarkaan jirani dha.
   3) **"Dambii"** jechuun Dambii Bulchiinsaafi Naamusa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa **218/2013** dha.
   4) **"Guddina Dalgee"** jechuun Ittigaafatamaan hojii Biirichaa yammuu ittigaafatamummaa irraa ka'u akkaataa Dambichaa keewwata 26 keewwata xiqqaa 2tiin sadarkaan barnootaafi muuxannoon isaa ilaalamee gita hojii Abbaa Alangummaa irra gahu danda'u irratti ramaddii kennamuufdha.
   5) **"Guddina Olee"** jechuun Abbaan Alangaa tokko Abbaa Alangaa Aanaa irraa gara Abbaa Alangaa Godinaa sadarkaa tokkoffaatti yookiin Abbaa Alangaa Godinaa irraa gara Abbaa Alangaa Naannoo sadarkaa tokkoffaatti kan itti guddatudha.

Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ★ የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ ★ Oromia Regional State Attorney General

6) **"Gumii Godinaa"** jechuun qaama sadarkaa Godinaatti dhimma ramaddii, jijjiirraa, naamusaafi kanneen biroo bulchiinsa Abbaa Alangaa ilaalchisee adda bahee kennameef murteessuuf akkaataa Dambichaatiin hundeeffamedha.

7) **"Gumii Waliigalaa"** jechuun qaama qacarrii, muudama, ramaddii, guddina, jijjiirraa, mindaafi faayidaa adda addaa, naamusa, sooramaafi dhimmoota biroo bulchiinsa Abbaa Alangaa Naannichaa ilaallatan murteessuuf akkaataa Dambichaatiin hundeeffamedha.

8) **"Iskeelii Mindaa"** jechuun Abbaan Alangaa tokko sadarkaadhuma irra jirutti garaagarummaa mindaa ka'umsaa sadarkichaafi fiixee sadarkichaa gidduu jiru waggaa lama lamaan dabalata mindaa iskeelii tokko argatudha.

9) **"Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa"** jechuun Itti Aanaa Hoogganaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaati.

10) **"Ittigaafatamaa Hojii"** jechuun:

(a) Sadarkaa Naannootti Ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Waliigalaa; Daayirektara, Ittigaafatamaa Waajjira Boordii Dhiifamaa, Mirga Namoomaafi Tumsa Gamtaa, Ittigaafatamaa Waajjira Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa, Ittigaafatamaa Damee Dhaabbiifi Qindeessaa Garee Hojii;

(b) Sadarkaa Godinaatti Ittigaafatamaa Waajjiraa, Itti Aanaa Ittigaafatamaa Waajjiraa, Abbaa Adeemsa Hojiifi Qindeessaa Garee Hojii;

(c) Sadarkaa Aanaafi Magaalaatti Ittigaafatamaa Waajjiraa, Abbaa Adeemsa Hojiifi akkaataa barbaachisummaa isaatti Qindeessaa Garee Hojiiti.

11) **"Waajjira"** jechuun Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa, Aanaa yookiin Magaalaati.

**3. Daangaa Raawwatiinsaa**

Qajeelfamni kun Ittigaafatamtoota hojii Biirichaafi caasaa isaa sadarkaan jiran kanneen Qajeelfamni kun bahuun dura muudamanii hojiirra jiraniifi kanneen bu'uura Qajeelfama kanaatiin muudaman hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**4. Ibsa Koornayaa**

Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

**5. Kaayyoo Qajeelfamichaa**

Qajeelfamichi kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Sirni muudamaafi bara hojii Ittigaafatamaa hojii Biirichaa murteessuun iftoominaafi ittigaafatamummaa akka qabaatu taasisuu;

2) Ittigaafatamtoonni hojii sadarkaa adda addaa irratti muudaman ofii isaaniitiif miira tajaajiltummaa gonfachuun ittigafatamummaan akka hojjetaniifi hooggganan taasisuu;

Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa
የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ
Oromia Regional State Attorney General

3) Ittigaafatamaan hojii ittigaafatamummaa irraa yemmuu ka'u ramaddiin isaa haala iftoominaafi itti gaafatamummaa qabuun akka raawwatamu taasisuu dha.

**Kutaa Lama**

**Muudama, Bara Hojii, Aangoofi Hojii Ittigaafatamtoota Hojii Biirichaa**

**6. Qajeeltoo**

1) Muudamni Ittigaafatamaa hojii akkaataa Qajeelfama kanaatiin raawwatamu kamiyyuu haala iftoomina, haqummaafi itti gaafatamummaa mirkaneessuun ta'uu qaba.
2) Muudamni Ittigaafatamaa hojii kennamu kamiyyuu dandeettiifi beekumsa irratti kan hundaa'e ta'ee, kaka'umsa hojii, naamusa gaariifi raawwii hojii haala cimsuu dandeessisuun ta'uu qaba.
3) Abbaan Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aanaan Abbaa Alangaa Waliigalaa akkaataa Qajeelfama kanaatiin kaadhimamaa Ittigaafatamummaa hojiitiif yemmuu filatu, sadarkaa barnootaa, muuxannoo hojii, kaka'umsa, dandeettiifi naamusa ol'aanaa qabaachuufi Abbootii Alangaa birootiif fakkeenyummaa gaarii kan qabu ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba.
4) Muudama Itti Gaafatamummaa hojii sadarkaa kamittuu kennamu keesatti hirmaannaan dubartootaafi qaama miidhamtootaa mirkanaa'uu qaba

**7. Ulaagaa Waliigalaa Muudama Ittigaafatamaa Hojii**

Abbaan Alangaa kamiyyuu Ittigaafatamummaa hojiif kaadhimamuu kan danda'u:

1) Eeruun balleessaa naamusaa kan irratti hin dhiyaanne, balleessaa naamusaa raawwachuun kan hin himatamne, kan hin adabamneefi kan adabame yoo ta'e Gumii Waliigalaatiin kan moggafame ta'uu qaba.
2) Yoo xiqqaate sadarkaa caasaa Biirichaa irratti kaadhimamu irratti waggaa lamaafi isaa ol tajaajiluu qaba.
3) Yoo xiqqaate sadarkaa barumsa seeraatiin digirii jalqabaa (LLB) qabaachuu qaba.
4) Madaalliin raawwiin hojii isaa kan waggaa lamaa jiddugaleessaan %75 fi isaa ol ta'uu qaba.
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, barbaachisaa ta'ee yoo argameefi Abbaan Alangaa muuxannoo waggaa lamaa qabu kan hin jirre yoo ta'e, Aanaalee Godina sadarkaa 3ffaa ta'an keessatti Gumiin Waliigalaa Abbaa Alangaa muuxannoo waggaa tokkoofi isaa ol qabu Ittigaafatamaa hojii Aanaa taasisee muuduu ni danda'a.

**8. Muudama Ittigaafatamaa Hojii Sadarka Biiroofi Damee Dhaabbii**

1) Ittigaafatamaan Waajjira Abbaa Alangaa Waliigalaa, Daayireektarri, Itti Gaafatamaan Damee Dhaabbii, Ittigaafatamaan Waajjira Boordii Dhiifamaa, Mirga Namoomaafi Tumsa Gamtaa, Ittigaafatamaan Waajjira Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa, Qindeessaa Garee Hojii kutaa hojii Abbaa Alangaa Waliigalaatiif itti waamamu yookiin Ittigaafatamaan hojii sadarkaa walfakkaataa irratti argamu kan biroo bu'uura Dambicha **Keewwata 23** jalatti tumameen Abbaa Alangaa Waliigalaatiin dhiyaatanii Gumii Waliigalaatiin kan muudaman ta'a.

2) Qindeessaan Garee Hojii yookiin Ittigaafatamaan hojii sadarkaa walfakkaataa irratti argamu kan biroo Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa Damicha hoogganuun Abbaa Alangaa Waliigalaatiif dhiyaatee yoo mirkanaa'e Gumii Waliigalaatiin kan muudamu ta'a.

3) Ittigaafatamaan Hojii sadarkaa Biiroo yookiin Damee Dhaabbiitti muudamu kamiyyuu Abbootii Alangaa sadarkaa Biiroo yookiin Damee Dhaabbii jiran keessaa qofa kan filatamu ta'a.

**9. Muudama Ittigaafatamaa Hojii Sadarka Godinaa, Aanaafi Magaalaa**

1) Ittigaafatamaafi Itti Aanaa Ittigaafatamaan Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa, Qindeessaa Garee Hojii Ittigaafatamaa Godinaa jala jiru Abbaa Alangaa Waliigalaatiin dhiyaatee Gumii Waliigalaatiin kan muudamu ta'a.

2) Ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa yookiin Magaalaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiin dhiyaatee Gumii Waliigalaatiin kan muudamu ta'a.

3) Abbaa Adeemsa Hojiifi Qindeessaa Garee Hojii Godinaa, Abbaa Adeemsa Hojii Aanaa yookiin Magaalaa ta'uun kaadhimamaan muudamaaf dhiyaatu Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa Damicha hoogganuun Abbaa Alangaa Waliigalaatiif dhiyaatee yoo mirkanaa'e Gumii Waliigalaatiin kan muudamu ta'a.

4) Itti Gaafatamaan, Itti Aanaa Ittigaafatamaan Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa yookiin Ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa yookiin Magaalaa ta'ee Abbaan Alangaa muudamaaf kaadhimamu kamiyyuu akkaataa walduraa duuba isaaniitiin Abbaa Alangaa Godinaa, Aanaa yookiin Magaalaa keessaa kan filatamu ta'a.

5) Abbaa Adeemsa Hojii Godinaa, Qindeessaa Garee Hojii Godinaa, Abbaa Adeemsa Hojii Aanaa yookiin Magaalaa ta'uun Abbaan Alangaa muudamaaf kaadhimamu kamiyyuu akkaataa walduraa duuba isaaniitiin Abbaa Alangaa Godina, Aanaa yookiin Magaalaa keessaa kan filatamu ta'a.

Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ★ የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ ★ Oromia Regional State Attorney General

6) Keewwata kana keewwata xiqqaa **4** jalatti kan tumame jiraatuus, Abbaan Alangaa Waliigalaa barbaachisaa ta'ee yeroo argame Abbaa Alangaa sadarkaa Naannoo irra jiru Ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa yookiin Abbaa Alangaa sadarkaa Godinaa irra jiru Ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa yookiin Magaalaa taasisee muudamaaf dhiheessuu ni danda'a.

7) Abbaan Alangaa Waliigaa yookiin Itti Aanaan Abbaa Alangaa Waliigalaa kaadhimamaa Ittigaafatamaa Hojii yemmuu filatu, Ittigaafatamtoota hojii Biirichaa sadarkaan jiraniifi qaamolee Biiricha waliin hariiroo hojii qaban mariisisuu ni danda'a.

8) Abbaan Alangaa Waliigaa yookiin Itti Aanaan Abbaa Alangaa Waliigalaa kaadhimamaa Ittigaafatamaa Hojiitiif yemmuu filatu, Gumiin Godinaa yaada murtii muudamaa akka dhiyeessuu taasisuu ni danda'a.

9) Abbaan Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aanaan Abbaa Alangaa Waliigalaa kaadhimamaa Ittigaafatamaa Hojiitiif yemmuu filatu, naamusa isaa ilaalchisee Daayirektoreetii Dagaagina Naamusaafi Inispeekshinii irraa qulqulleeffachuu qaba.

**10. Muudama Ittigaafatamaa Hojii Mirkanessuu**

1) Abbaan Alangaa kaadhimamaan Ittigaafatamaa hojii ta'ee, akkaataa Qajeelfama kana keewwata 8fi 9tiin dhiyaatu kamiyyuu muudamni isaa Gumii Waliigalaatiif dhiyaatee miirkanaa'uu qaba.

2) Gumiin Waliigalaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin yaadni murtii muudamaa yemmuu dhiyaatuuf yaadni dhiyaate Tumaalee Dambichaa akkasumas qajeeltoowwaniifi ulaagaa waliigalaa muudamaa Qajeelfama kana keessatti tumaman guutee dhiyaachuu isaa mirkaneessuun bu'uura Dambicha Keewwata 140 keewwata Xiqqaa 2 tiin muudama ni kenna.

**11. Miindaafi Faayidaa Ittigaafatamaa Hojii**

1) Miindaafi faayidaan Ittigaafatamaa hojii sadarkaa Biiroo, Damee Dhaabbii, Godinaa, Aanaafi Magaalaa akkaataa iskeelii miindaafi Qajeelfamoota Faayidaalee Abbootii Alangaa Naannichaatiin bakkichaaf hayyamameen kan raawwatamu ta'a.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuus, Abbaan Alangaa Naannoo Ittigaafatamaa Godinaa ta'ee muudame yookiin Abbaan Alangaa Godinaa Ittigaafatamaa Aanaa yookiin Magaalaa ta'ee muudame miindaa yookiin faayidaan bakka itti muudame bakka duraan turee gadi yoo ta'e,miindaa yookiin faayidaa duraan argachaa ture kan argatu ta'a.

Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ★ Oromia Regional State Attorney General ★ የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ

## 12. Bara Hojii Ittigaafatamaa Hojii

1) Barri hojii Ittigaafatamaa Hojii sadarkaa Biiroo, Damee Dhaabbii, Godinaa, Aanaafi Magaalaa waggaa afur ta'a.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuus, Ittigaafatamaan hojii raawwii hojii olaanaa galmeessisuun jijjiirama qabatamaa kan fide yoo ta'e, Gumiin Waliigalaa bara hojii dabalataa tokko qofaaf irra deebiin muuduu ni danda'a.
3) Abbaan Alangaa kamiyyuu sadarkaa kanaan dura turetti sababa Ittigaafatamummaan tajaajileef bakka guddina sadarkaa olee argatetti muudama Ittigaafatamummaa hojii irraa hin dhorkamu.
4) Abbaan Alangaa kamiyyuu sababa gita hojii Ittigaafatamummaa tokko irratti tajaajileef gita hojii biraa irratti Ittigaaftamaa hojii ta'ee muudamuu irraa hin dhorkamu.

## 13. Aangoofi Hojii Ittigaafatamaa Damee Dhaabbii

Seerota birootiin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Ittigaafatamaan Damee Dhaabbii aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Aangoofi hojii Qajeelfama Lakk.16/2013 tiin kennameef karaa guutuufi bu'a qabeessa ta'een hojii irra ni oolcha;
2) Meeshaalee jijjiiramaa mootummaa Naannichaafi Biirichaan qoratamanii dhiyaatan hojiirra ni oolcha; ni deeggara; ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
3) Komii abbaa dhimmaa irraa dhiyaatu simachuudhaan furmaata ni kenna; furmaata akka argatu ni taasisa;
4) Tajaajilli mootummaa Damichaan kennamu ittifufiinsaan akka fooyya'uu, itti quufinsi maamilaafi amantaan ummatni Damicha irratti qabu akka dabalu ciminaan ni hojjeta;
5) Hojiiwwan sekteroota hundaa haala bu'a-qabeessa ta'een hojiirra ni oolcha;
6) Hojii dabalataa Biirichaa irraa kennamuuf ni raawwata.

## 14. Aangoofi Hojii Ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa

Seerota birootiin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Itti Gaafatamaan Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Waajjira Abbaa Alangaa Godinichaa ol'aantummaan ni bulcha;
2) Ramaddii hojii Ittigaafatamtoota Hojii sadarkaa Aanaa yookiin Magaalaa, Abbootii Alangaafi muudamtoota Gumii biroo Gumii Godinichaatiif dhiyeessee ni murteessisa; hojiirra ni oolcha;

Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa * የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ * Oromia Regional State Attorney General

3) Naamusa Abbootii Alangaafi hojjettoota biroo Waajjirichaa ol'aantummaan ni to'ata; ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata yookiin akka fudhatamu ni taasisa;
4) Hojjataa bulchiinsaa Waajjirichaa akkaataa seeraatiin akka qaxaramu ni taasisa, ni bulcha;
5) Karooraafi gabaasa raawwii hojii Waajjirichaa qopheessee Biiroo, Damee Dhaabbiifi qaama mootummaa ilaallatuuuf ni dhiyeessa;
6) Sochii hojii Waajjira Abbaa Alanagaa Aanaaleefi Magaalota Godinichaa ni hordofa; ni deeggara; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
7) Hojiifi qabeenya Waajjirichaa ni to'ata; ni bulcha;
8) Abbootii Alangaa Godinaa, Aanaafi Magaalaa ulaagaa jijjiirra, guddina sadarkaa oleefi dalgee guutan akkaataa Damichaafi kallattii Gumii Waliigalaa irraa kennamuun calalamee yeroodhaan Gumii Godinaatiin ilaalamee akka dhiyaatu ni taasisa;
9) Meeshaalee jijjiiramaa mootummaa Naannichaafi Biirichaan qoratamanii dhiyaatan hojiirra ni oolcha; ni deeggara; ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
10) Komii abbaa dhimmaa irraa dhiyaatu simachuudhaan furmaata ni kenna; furmaata akka argatu ni taasisa;
11) Tajaajilli mootummaa Waajjirichaan kennamu ittifufiinsaan akka fooyya'uu, itti quufinsi maamilaafi amantaan ummatni Waajjiricha irratti qabu akka dabalu ciminaan ni hojjeta;
12) Hojiiwwan sekterootа hundaa haala bu'a-qabeessa ta'een hojiirra ni oolcha;
13) Hojii dabalataa Biirichaafi Damee Dhaabbii irraa kennamuuf ni raawwata.

**15. Aangoofi Hojii Ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa yookiin Magaalaa**

Seerota birootiin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Itti Gaafatamaan Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa yookiin Magaalaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabata:

1) Waajjiricha ol'aantummaan ni bulcha;
2) Abbootii Alangaafi muudamtoota Gumii birootiif ramaddii hojii ni kenna; ni bulcha;
3) Naamusa Abbootii Alangaafi hojjettoota bulchiinsaa Waajjirichaa ol'aantummaan ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
4) Hojjettoota bulchiinsaa Waajjirichaa akkaataa seeraatiin akka qaxaraman ni taasisa; ni bulcha;

Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ★ Oromia Regional State Attorney General

5) Karooraafi gabaasa raawwii hojii Waajjirichaa Waajjira Abbaa Alangaa Godinaafi qaama mootummaa ilaallatuuf ni dhiyeessa;
6) Hojiifi qabeenya Waajjirichaa ni hordofa; ni to'ata; ni bulcha;
7) Meeshaalee Jijjiiramaa mootummaa Naannichaafi Biirichaan qoratamanii dhiyaatan hojiirra ni oolcha, ni deeggara, ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
8) Komii abbaa dhimmaa irraa dhiyaatu simachuudhaan furmaata ni kenna; furmaata akka argatu ni taasisa;
9) Tajaajilli mootummaa Waajjirichaan kennamu ittifufiinsaan akka fooyya'uu, itti quufinsi maamilaafi amantaan ummatni Waajjiricha irratti qabu akka dabalu ciminaan ni hojjeta;
10) Hojiiwwan sekteroota hundaa haala bu'a-qabeessa ta'een hojiirra ni oolcha;
11) Hojii dabalataa Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa irraa kennamuuf ni raawwata.

**16. Muudama Irraa Ka'uufi Haala Ramaddii Ittigaafatamaa Hojii**

1) Abbaan Alangaa Ittigaafatamaa hojii ta'uun muudame sababa hanqina gaggeessummaatiin, hir'ina naamusaatiin, hanqina raawwii hojiitiin, rakkoo fayyaa yookiin hawaasummaa biraatiin hojicha hojjechuu kan hin dandeenye yoo ta'e yookiin fedhii isaatiin akeekkachisaa dursee kennuun yeroo kamiyyuu murtii Gumii Waliigalaatiin Ittigaafatamummaa irraa ka'uu ni danda'a.
2) Itti Gaafatamaan hojii bakka biraatti jijjiirraa gaafatee bakki inni jijjiirraa itti gaafate bakki Ittigaafatamaa hojii duwwwaan kan jiru yoo ta'e, Gumiin Waliigalaa dorgommii irratti hundaa'ee Ittigaafatamummaan jijjiiruu ni danda'a.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatuus, bakki jijjiirraan itti gaafatame iddoo Ittigaafatamaa hojii duwwaan kan hin qabne yoo ta'e, fedhii Abbaa Alangichaatiin Gumiin Waliigalaa Ittigaafaatamummaa irraa kaasuun dorgommii irratti hundaa'ee jijjiirraan akka ramadamu taasisuu ni danda'a.
4) Ittigaafatamaan hojii carraa barnoota idilee argatee hayyama Biirichaatiin hojii irraa bilisa ta'ee barachuu barbaadu kamiyyuu Ittigaafatamummaa irraa ka'ee kan baratu ta'a.
5) Ittigaafatamaan hojii kamiyyuu Ittigaafatamummaa irraa yemmuu ka'u bu'uura Dambichaafi Qajeelfama Guddinaafi Jijjiirraa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakk.17/2014 miiltoo 2ffaa jalatti tumameen sadarkaa barnootaafi muuxannoon hojii isaa ilaalamee bakka irra gahuu danda'u irratti sadarkaan kennameefii kan ramadamu ta'a.

Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ★ የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ ★ Oromia Regional State Attorney General

6) Abbaan Alangaa Naannoo Ittigaafatamaa Godinaa ta'ee muudamee hojjechaa ture Ittigaafatamummaa irraa yemmuu ka'u, Abbaa Alangaa Naannoo ta'ee akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti tumameen sadarkaan kennameefii kan ramadamu ta'a.

7) Abbaan Alangaa Godinaa Ittigaafatamaa Aanaa yookiin Magaalaa ta'ee muudamee hojjechaa ture Ittigaafatamummaa irraa yemmuu ka'u, Abbaa Alangaa Godinaa ta'ee akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti tumameen sadarkaan kennameefii kan ramadamu ta'a.

8) Ittigaafatamaan Hojii bara tajaajila isaa hojii itti kenname gahumsaan xumuree Ittigafatamummaa irraa ka'e murtii Gumii Waliigalaatiin waraqaan ragaa beekamtii ni kennamaaf.

**Kutaa Sadii**

**Tumaalee Adda Addaa**

**17. Aangoo Qajeelfamicha Fooyyessuu**

Gumiin Waliigalaa barbaachisaa ta'ee yoo argame Qajeelfamicha fooyyessuu ni danda'a.

**18. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabne**

1) Muudamaafi bara hojii Ittigaafatamtoota hojii sadarkaa Biiroo, Damee Dhaabbii,Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa, Aanaafi Magaalaa ilaalchisee Qajeelfama Lakkoofsa **8/2006** keessatti kan tumame Qajeelfama kanaan haqameera.

2) Qajeelfamniifi barmaatileen hojii Qajeelfama kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Qajeelfama kana keessatti haammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**19. Yeroo Qajeelfamichi Hojii Irra Itti Oolu**

Qajeelfamni kun guyyaa Gumii Waliigalaatiin mirkanaa'e Adoolessa 08 bara 2014 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

**Finfinnee,**

**Adoolessa 08 bara 2014**

**Addunyaa Ahmad**

**Abbaa Alangaa Waliigalaafi Walitti-qabduu Gumii Waliigalaa**